

## سُورَةُ الْحَاقَةِ

## Suuraa Hgaaqa'aa

aqqan je amu .

\*Isiin suuraa makkaati.

وهي سورة مكية

\* Aayaanni isiidhaa shantamii lama{ 52 }

وأياتها ( ٥٢ ) آية

\*Lakkooysi isi'iijahaatamii sagali {69}.

وعددتها ( ٦٩ )

\*Isiin ,eega ,suuratul {mulki},butee buute

نزلت بعد سورة الملك

\*Jalqabni suuraa tanaa takkaa waa hundatuu, maqaa Rabbii rahmata xiqqa'aafii, gudda'aan nama qananiisutii.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1}\*Qiyaaman ta haqni isii keessatti mul'atu.

الْحَاقَةُ ١

2}\*{Hgaaqqan} maali?

مَا الْحَاقَةُ ٢

3}\*Maaltu waan hgaaqqan taate si bey-

وَمَا أَذْرَلَكَ مَا الْحَاقَةُ ٣

sise? waan haaqqan taate ati hin beytuu nuutu si beysisa,tanaaf si barsisu'uun jecha garii haala {hgaaqqa'aa} takkaa {qiyaama'aa} waan as deemu keessatti sii dubbanne, {hgaaqqaa} jechuun: qiyaama jechu'.

4}\*Ummanni , {samuud} je'a nuusaa

كَذَّبَتْ ثَمُودَ وَعَادَ بِالْقَارَعَةِ ٤

ummanni {Aad} je'amu qaarikgaa khijibsiisaniiti jiran, ni dhuftii hin yaadanii, dubbi Rabbii dhagayuu didaniiti nama Rabbiin isaanitti erge khijibsiisan ,{ qaarikgaa} jechuun:qiyaamaa jechuudha .bitti {aad} hadramawtfii umaan} jidduu bakka{ahgqaaf} je'amtu. Isaan ummata nabi {Huud} itti ergamee, dubbi isaa dhagayuu didaniiti, kafaran .Ammoo {samuud} ummata nabi {saalihii} dubbi isaa dhagayuu didaniiti kafaran. Bitti isaanii bakka {hgijri} je'amtu, tan shaamifii hijaaz jidduu jirtu, biyya su'uudi'ii keessa tan {diyaar samuud} je'amtu, akkuma {waadilqiraa} je'amtu.

5}\*Duuba ummanni { samuud } nabiyyi-cha isaanii saalih khijibsiisanii qiyaama'atti kafarraan Rabbiin iyyansa itti ergee, jibriil iyyansa jabaa onnee isaanii babbaqaysu itti iyyee, lafarraa dhuman.

فَأَنَّا شَمُودٌ فَأَهْلِكُونَا بِالْطَّاغِيَةِ ٥

وَمَا عَادُ فَأَهْلِكُوا بِرِيحٍ صَرَّصِ

عَائِدَةٌ

\*Ammoo, ummanni {Aad} je'arnu kan nabi huud khijibsiise, Rabbiin bubbee akkaan didichitu,

6}\*Tan akkaan jabdu'uu, tan waan irra baate caccabsitu, isaanitti ergee saniin dhuman

\*Rabbiin bubbee san isaanitti ergee, yokaa itti gad lakkisee,

\*halkan torbaafii,guyyaa saddeet,

\*wal ,faana ,isaanirra ,teessee itti, dedde-

ebitee,isaanfixxe ,qilleensi ,yookaa , bubbeen,sun, isaanitti jalqabuun baatii shawwaal ganama arbi'aa sadeesso'ooti kan achirraa qabdee, hanga arbi'aa booda kan baatii sanitti deemte, {hgsuuman} jechuun: tan wal faana yaatu jechu',

\*Ummata Rabbiin qilleensa itti erge san, kanneen qilleensa saniin dhumanii, achii achi, ciisan agarta,

7} Kan akka hundee takkaa muka timiraa kan keessi isaa qaaweti, fokkatan.

8}\*mee nama akkasitti bobbeen balleessine sanirrraa ,nama hafe,wahi agartaa? Akka je'ametti, orma akkasitti dhume san, qilleensi fuudheti baharitti darbee, reeffa isaanii bakka tana buutee hin agartu jechu'

\*Ammas firkgawnafii, warri isa dura dubre, kan Rabbitti kafare, dhufan Dalagan

\*Ammallee warri { rnu'taf kaat } je'amu, isaan warra biyya nabi luuxii tan falasxiinifii, ardon jidduu jirtu, duuba ormi dubanne sun hundinuu dhufan,

9}\*Dalagaa hamtu'uun dhufanii jiran .

\*Waan rasuulli rabbi isaanii itti isaan aja-ju qeebaluu didanii.Rabbitti balleessan,

10}Duuba, rabbiin ,qabiinsajabaa isaan

سَخْرَهَا عَنْهُمْ

سَبْعَ لِيَالٍ وَثَمَنَيْهَا أَيَّامٌ

حُسْنًا

فَتَرَى الْقَوْمَ فِيهَا صَرَعَ

كَاتِمُونَ أَعْجَازُ نَحْلٍ حَاوِيَةٌ

فَهَلْ تَرَى لَهُمْ مِنْ بَاقِيَّةٍ

وَجَاءَ قَرْعَوْنُ وَمَنْ قَبْلَهُ

وَالْمُؤْتَفَكَثُ

بِالْحَاطِئَةِ

فَعَصُوا رَسُولَ رَبِّهِمْ

فَأَخْذَهُمْ أَحَدَةَ رَبِّيَّةٍ

qabee ,isaan fuudhee,isaan gate {firkgawna}nabi muusaa kijibsiisee .Rabbiin baharitti isa darbe , rabbiin mu'tafikaa nabiyyicha isaanii kan {Juux} je'amu kijibsiisaniiti, Rabbiin dachii garaan galchee dhuman.

\*Nuti yaa ilmaan aadam, gaafa bishaan likii dabree dachii mara liqimse, lafaa burqee sarni'ii dhangala'ee sun zamana nabi nuuhii,

إِنَّا لَنَا طَعَانَ الْمَاءِ

11}\*Akka bishaan isin hin liqimsineef

حملتُكُمْ فِي الْجَارِيَةِ ١١

jecha, Safiinaa nabi nuuh to1 che keessatti isinii qaama abbootii teessanii keessa jim isin yaabbachiifnee, bishaan san jalaa isin baafne, kan bakki itti jalaa bayan hin jirre,kan gaara hunda liqimse,kan warri lafarra jim tokkollen hafin, warra safiina san yaabbate malee, sun warra Nabi Nuuhitti amane, kan ilmaan isaa sadeen keessajiran kan akkasuma gosti bineensaa hundi wajji jirtu, ilmaan {nuuh} sadeen kan safiinaa saniin bishaan lole san jalaa nagaya bayan ,tokko {Haam} ilma Nuuhi, lameysan{saam}ilma Nuuhi ,sadeessan{yaafis}i1ma Nuuhii , warri ar'a addu nyaa tanarra jiru hundi, ilmaan {Nuuh} sadeen kanatti deebi'an,gariin isaanii haamitti deebi'a, ammoo gariin isaanii yaafisitti deebi'a, ammoo gariin saamitti deebi'a.

\*Rabbiin akki je'e : wanni bishaan lafa liqimse jalaa safiinaa nabi {nuuhg}jaare keessatti is in baafnef,akka warra kafare fin'ee, warra amane najaa baasuu san, gorsa isinii goonu'uufi,

لِنَجْعَلَهَا الْكَوْثَرَةَ

12}\* Ammaliee akka gurri waan dhagaye qabatee, dalaga'arra oolchu, isaan gorfam-u'uufi , waan Rabbiin itti ajaje dalagee ,waan inni irraa dhoowwerraa dhowamee.

وَتَعِيَّهَا أَذْنُ وَعِيَّةً ١٢

13}\*Duuba, gaafa gariin lammeysa'aa afuufamte, nama qabri'ii kaasanii, walitti qabanii gaafatu'uu jecha,

فَإِذَا قُنْحَنَ فِي الصُّورِ تَفَخَّهَ وَجَدَهُ ١٣

\*Gaafa dachi'iifii, gaarotiin ol fuudhamtee

وَسُجِّلَتِ الْأَرْضُ وَالْجَبَلُ

14}\*Hurrooytee,dhukkee taate, eega warri Keessatti awwaalaman hundi keessaa yaa'ee, namni dachii ol fuudhee caccabsu, malaaykaa, takcaa qilleensa, takcaa qudraa Rabbiiti.

فَذَكَارَكَهُ وَجَدَهُ ١٤

فِيْ يَوْمٍ ذِيْ وَقْعَةِ الْوَاقِعَةِ ۝ ۱۵

15}\*gaafa akkasitti ,garriin Lammeysa'aa afiufamtee, dachiin caccabxe, qiyaaman dhaabbatte.

وَانْشَفَتِ السَّمَاءُ

\*Samiin dhoote,

فِيْ يَوْمٍ ذِيْ وَاهِيَةٍ ۝ ۱۶

16}\*Samiin gaafas laaftuu akka jibrii idd-amteeti, takkaa suufati.

وَالْمَلَكُ عَلَىْ أَرْجَائِهَا

\*Malaaykan, gaafas , qarqara, samiidhra-ra itti Naannoyee dhaabbatti , ajaja Rabbii, kan bu'aa je'uun eegu'uu jecha .dachi'iifi warra dachi'irra jiruun marsanii dhaabbatu'uu jecha.

وَتَحْمِلُ عَرْشَ رَبِّكَ فَوْهُمْ يَوْمٌ لَّذِينَ ۝ ۱۷

17}\*Arshii Rabbii keetii,isii malaaykaa gubbaa dhaabbattu, guyyaa qiyaama'aa malaaykaa ,saddeet gurguddo'ootu ba'ata , tan san dura malaaykan afur qofti ba'attu.

يَوْمٌ لَّذِينَ عُرْضُونَ

\*Guyyaa,qiyaama'aa, san, gaafatamu'uu jecha ,dirree qiyaama'aa bakka wanni hundi itti wal geessu fuula Rabbii dura fidamtan,

لَا تَخْفَى مِنْ كُلِّ خَافِيَةٍ ۝ ۱۸

18}\*Kan wanni isin dhoysitanii addunya-

'arratti dalaydan Rabbirraa hin dhokhanne, namuu wanni inni dalage katabamteeti teessii, gaafas isaaf kennamti, duuba namni dalagaan gaarin, kitaaba isaa san keessatti katabamte dhugumaan milkaaye, in namni kitaaba isaa keessatti dalagaan hamtuun atabamte,dhugumaan hoongaye,kitaaba waan gaari'ii wanni beekhaniin, harka mirgaatin na maa kennama, rabiin ka waan hamtu'uu, bita'an namaa kennarna, takkaa dudda duuban namaa kennama.

فَأَنَّمَّا مَنْ أُوفِيَ كَبَّهُ بِيمِينِهِ

\*Duuba namni kitaabni dalagaa isaa harka mirgaatin isatti kenname,takkaa isaaf dhufe

فَيَقُولُ هَؤُمُّ أَفْرَءُ وَأَكْنَيْهِ ۝ ۱۹

19}\*gammadeeti,hoodhaad haa ,kitaaba ,kiyya Khana dubbisaa, takkaa qara'aa, an milkaayee je'ee nama isatti kennee, wanni isaanin je'u: wannin an ar'a milkaayef

إِنِّي ظَنَّتُ أَنِّي مُلِيقٌ حِسَابِيَّةٍ ۝ ۲۰

20}\*Anaatu gaafan addunyaarra jiru waa-

nan dala gerraal gaafatamuun ooluu hubadhee, waan gaarii dalagee , waan hamtuu dhiisee, tanaaf Rabbiin na milkeyse je'ee, waan Rabbiin isaan qananiise odeessa, maalif waan inni namaan qananiise odeessun ni barbaadamaa.

21}\*Namichi kitaaba mirgaan kennamesun, jiruu gaarii irraa jaalatu, takkaa gammadu keessa jiraata,

فَهُوَ فِي عِيشَةٍ رَّاضِيَةٍ ٢١

22}\* Jannata ,manneen isaatifii .mukkeen isaa dhedheera'aa keessa, takkaa jannata darajaan isaa ol taate jechu'uu,

فِي جَنَّةٍ عَالِيَّةٍ ٢٢

23}\*kan midhaan mukkeenjannataa nam-

قُطْنَوْفَهَا دَانِيَةٌ ٢٣

atti dhiyaatu,kanuma mukkeen isaa dhedheera'aa.namni taa'u yoo midhaan tokko fedhe, bakkuma taa'utti itti gad dhufa, kan ciisus, bakkuma inni ciisutti itti gad dhufee guurata.

كُلُّهُوا وَأَشْرُؤُونَ

\*Warra jannata seene saniin wanni je'amu, nyaata jannataa.dhugaatii jannataa kan Rabbiin keessan isinii kenne kana nyaadha'aa, dhugaa,

\*nyaata gaarii dhugaatii rniooytuu ,wanni

هَنِيْسَا

hamtuun akka fincaanii,takkaa udaanii faan ,irraa narnatti hin argamne maalif isaan hoggaa nyaata biraatii hawwan,waan duraan nyaatan ,akkadumaan garaa keessa if dhaban, duuba nyaataa dhugaatii akkasii san nyaadhaa dhugaa je'aniin,

24}\*Aababaa ,waan , gaarii, ayyaama

بِمَا أَسْلَفْتَمْ فِي الْأَيَّامِ الْخَالِيَّةِ ٢٤

addunya'aa kan dabre, keessatti dalagattanii dabarsitaniif jecha,takkaa sababaa addunya'arratti ,soomantanii if beelessitaniif jecha,ar'a aakhira'atti nyaadha'aa dhuga'aa quufaa, garaa soomanni qulleesse nyaataa gaarii kanaan guutaa jechu'u,

\* Ammoo namni kitaaba dalagaan inni

وَأَمَّا مَنْ أُولَئِكَيْهُ بِشَمَائِلِهِ

Addunya'arratti dalage keessatti barreeffamte, takkaa katabamte, guyyaa qiyaama'aa bitaan itti kenname, takkaa dudda duuban itti laatamee fudhatee, waan hamtuu keessatti arge, rificateet nahee,

25}\*Way,oduman kitaaba dalagaa tiyyaa kana arguu baadhee, takkaayuu naa kennamuu baatee.

فَيَقُولُ يَنْبَغِي لَمْ أُولَئِكَيْهُ

26}\*Oduman,dalagaa,tiyya hamtuu argee , qixaaxa kiyya beekhuu baadhee.

وَلَمْ أَدْرِ مَا حِسَابِهِ ٢٦

27}\*Way, odoo duutin an addunyaarratti

يَأْتِيهَا كَانَتِ الْفَاضِيَّةَ ٢٧

du'e sun, tan jiru'utti deebi'uu narraa fixxe taatee, kanin eegan du'ee jiraachi-famee kaafamee hin gaafatamne, silaa naaf wayya'aa mitii? Haa tayuu hunoo kaafamee gaafatamee, qixaaxa dilii tiyyaa mudadhee, akkamin taya je'a.

28}\*Horiin kiyya ,kanin isaa je'ee jalla-dhe, waa takka naafhin tollee qixaaxa narraan deebifnee.

مَا أَغْنَى عَنِ مَالِهِ ٢٨

29}\*Humniti, takkaa irreen tiyya,tan an

هَلْكَ عَنِ سُلْطَنِهِ ٢٩

qabaatuu ture narraa baddee, dhabamtee, kan an sababaa hori'iitii, takkaa irree qabaatuu khiyyaatii je'ee, karaa Rabbii kiyyarrraa maqe, duuba ar'a san hunda if harkaa dhabee mee akkamuman taya je'ee sheenaya, haa tayuu sheenan gaafasii waa takka naman fayyaddu, tanaaf jecha, wanni malaa-yka'aan je'amu.

\*Namicha kana qaba'aa,

خُذْوهُ

30}\* Harka lamaan mormatti hidha'aa.

فَعُولُوهُ ٣٠

31}\*eegasii Ibidda jahannam seensisaa.

ثُمَّ الْجَحِيمَ صَلُوهُ ٣١

\*Eegasii shanshalata dheerinni isaa,

ثُمَّ فِي سِلْسِلَةِ ذَرَعَهَا

\*Dhuudhuma torbaatam gayu,

سَبْعُونَ ذِرَاعًا

32}\*Seensisaa'aa hidha'aanii shanshalata saniin ibidda keessaa luqqisa'aa itti deebisa'aa waaddaa.

فَاسْلُكُوهُ ٣٢

33}\*Inni addunya'arratti,kan Rabbii gud-da'atti hin amanin tayuu ture.

إِنَّهُ كَانَ لَا يُؤْمِنُ بِاللَّهِ الْعَظِيمِ ٣٣

34}\*Akkasuma kan masaakiina hiyyee-

وَلَا يُحِصُّ عَلَى طَعَامِ الْمِسْكِينِ ٣٤

yyii nyaachisu'utti nama hin gorsine, hin gorsine ,kan ifille'ee hin nyaachifne tayuu ture,haalli namicha sanii addunya'arratti Rabbitti amanee waan inni itti ajaje hin dhagayu, ammallee miskiina, nama waan qabneef, rahmata hin godhu, hin nyaachisuu, hin obaasuu.

\*Tanaaf jecha, ar'a guyyaa qiyaama'aa ,yookaa aakhira'aa kana keessa, isaaf hin jiru,

فَلَيْسَ لِهِ الْيَوْمَ هُنَّا

35} \*Namni isaaf tolu, aanan isaaf nayu hin jiru.

٣٥

36} \* Ammallee inni aakhira' atti waan

وَلَا طَعَامٌ إِلَّا مِنْ عَنْسِلِينَ ٣٦

nyaatu hin qabu,yoo malaa warra ibiddaa kheessaa yaa'u taate malee, takcaa mukha mana ibiddaa keessan mayru hadhaayaa ajaayaa yoo taate malee, nyaata biraa hin qabu,

37} \*Malaa warra ibiddaa keessaa yaa'u ,takcaa muka hamaa ajaayaa ibidda keessan mayru san, namni nyaatu hin jiru, warra Rabbitti kafare malee.

لَا يَأْكُلُهُ إِلَّا الْحَاطِئُونَ ٣٧

38} \*waan uumame,kan isin laaltanii gartaniinan, isinii khakhadhaa.

فَلَا أُقْسِمُ بِمَا تَبْصُرُونَ ٣٨

39} \*Ammallee waan isin laaltanii hin ga- rreenan isiniif khakhadhaa,akkana jechuun : waan uumame hundaanan khakhadha jechu'uu.

وَمَا لَا يَبْصُرُونَ ٣٩

40} \*Qur'aanni kun,waan ergamaan Rab- bii Khabajamaan, Rabbiraa isinitti fide , waan inni if biraa je'ee mitii.

إِنَّهُ لِقَوْلِ رَسُولِ كَرِيمٍ ٤٠

\*Qur'aanni kun, waan wallisaan baasee miti

وَمَا هُوَ بِقَوْلِ شَاعِرٍ

41} \*Sanumaan wajji, isin ittin amantan yookaa hin dhugo'oomsitan,takcaa **ma'n- aan** isaa: qur'aanatti amanuun keessan, waa xiqqa ,sunuu waan isin hin fayyanne, takcaa isinii hin tolle.

قَلِيلًا مَا ثُمِّنُونَ ٤١

\* Ammas qur'aanni kun waan warri raga laalu baasee mitii

وَلَا يَقُولُ كَاهِنٌ

42} Sanumaan wajji waan ergamaan kee-

قَلِيلًا مَا نَذَرُونَ ٤٢

nya dhufeenirraa waa xiqqa yaadattanii qabattan,sun waan akka fira ifitti qabu'uu ,kan akka sadaqaadhaa, kan akka zinaa dhiisu'uu faa, duuba sun

waan nabi Muhammad dhufreenirraa waa xiqqoo, waan isaan fayya duu miti, maalif waan islaarnni dhufeen garii qeebalanii yookaa eehamanii garii diduun akkuma waan hunda isaa didu'uutii.

43}\*Qur'aanni kun, waan rabbiin waa hunda uume, ergamaa isaa muhammadiratti buuse, kan nabi Muhammad qur'aana kanatti waa takka hin ida'in, kan waanuma nurraa isarratti bu'e isinitti geessu.

نَزَّلْنَا مِنْ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٤٣﴾

44}\*Ergamaan keenya Muhamrnad. Oodo waan nuti hin je'in, Rabbiitu je'e je'ee khijiba nurra kaayee, oodo waa xiq-qollee taatee

وَلَوْ نَقُولُ عَيْنَابَعْضِ الْأَقْوَابِ ﴿٤٤﴾

45}\*Silaa, isa qabneeti rabbiin jabdu'uun.

لَا يَخْدَانِنَّهُ بِالْيَمِينِ ﴿٤٥﴾

46}\*Eegasii hidda onnee isaa murree isa ajjeefna, isa qixaaxu'uu jecha.

ثُمَّ لَطَّافَنَا مِنْهُ الْوَتَنِ ﴿٤٦﴾

47}\*Duuba nam tokkolleen ismirraa, kan isa qixaaxu'urraa nu dhoowwu hin jiru

فَمَا مِنْكُمْ مَنْ أَحَدَعَنَّهُ حَجَرِينَ ﴿٤٧﴾

48}\*Qur'aanni kun, gorsa warra Rabbi sodaatuti, warra Rabbi sodaatutu qur'a-anan fayyadamaa.

وَإِنَّهُ لِذِكْرِ الْمُنْقَذِينَ ﴿٤٨﴾

49}\*Nuti akka isinirraa namni qur' aana kana khijibsiisu jiru, dhugumaan beyna, akkuma nama isinirraa qur'aana kana dhugo'oomsu beynu.

وَإِنَّا أَعْلَمُ أَنَّ مِنْكُمْ مُكَذِّبِينَ ﴿٤٩﴾

50}\*qur'aanni kun guyyaa boruu orma Kuffaaratti sheenaa taya, hoggaa sawaaba warra, isatti amanee arganii qixaaxa warra isatti kafaree argan, maalif isa dhugo`oornsuu oolle je'anii sheenayan.

وَإِنَّهُ لِحَسْرَةٍ عَلَى الْكُفَّارِ ﴿٥٠﴾

51}\*Qur'aanni haqa beekkamaa kan namni isatti amanee waan inni je'utti dalage dhugumaan warra haqaa taye.

وَإِنَّهُ لِحَقٍّ الْيَقِينِ ﴿٥١﴾

فَسَلِّمْ بِاسْمِ رَبِّكَ الْعَظِيمِ

٥٣

52}\*Duuba yaa ergamaa kiyya rabbi kee  
waan isaan hin malle hundarrraa qulqulle-  
ysi, Rabbii kee faarsii waan inni sii kenn-  
erratti galata isaa galchi.

f